# “Dhiirri qaama saalaa dhiiraa hin ilaalu, dubartiinis qaama saalaa dubartii hin ilaaltu

Abuu Sa’iid Al-Khudrii irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaalatu, Ergamaan Rabbii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu akkana jedhan: “Dhiirri qaama saalaa dhiiraa hin ilaalu, dubartiinis qaama saalaa dubartii hin ilaaltu, uffata tokkicha dhiirri lama hin uffatu, dubartiinis uffata tokkicha dubartii biraa waliin hin uffattu".
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, dhiirri qaama saalaa dhiira biraa akka hin ilaalle, ykn dubartiin qaama saalaa dubartii biraa akka hin ilaalle dhorgani. Qaama saalaa jechuun: Inni hunduma waan yeroo mul'ate irraa qaanfatan yoo ta'u, qaamni saalaa dhiiraa waan handhuura fi jilba isaa gidduu jiruudha. Qaamni dubartii hundi dhiirota isheef ajnabii/alagaa ta'an biratti qaama saalaa yoo ta'u, dubartootaa fi mahramoota/namoota fira dhihoo isheef ta'an ilaalchisuun ammoo yeroo baay’ee mana keessatti yeroo hojjettu waan Aadatti ishee irraa mul’atu isaan biratti mul'isuu ni dandeessi. Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, dhiirri tokko dhiira biraa waliin uffata tokko keessatti ykn haguuggii tokko jalatti bifa isaan lamaanuu qullaa ta'anitti akka kophaa hin baane, akkasumas dubartiin takka dubartii biraa waliin uffata tokko keessatti ykn haguuggii tokko jalatti bifa isaan lamaanuu qullaa ta'anitti akka kophaa hin baane dhoorgani, Sababni isaas sun tokkoon isaanii qaama saalaa hiriyaa isaa akka tuqu taasisa waan ta'eef jecha, qaama saalaa walii tuquun ammoo akkuma ilaaluun dhoorgaa ta'etti dhoorgaadha, inumaayyuu dhoorgaa ta'uu keessatti tuquutu ilaaluu irra jabaata, maalif jennaan sun waan badiiwwan adda addatti nama geessuuf jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee